

BARNOOTA GUDDINAAFI JABEENYA QAAMAA KUTAA 5FFAA

QABIYYEEWWAN KEESSA DEEBIIN KENNAMAN

Hagayya 2020

Seensa

Barnoonni GJQ manneen barnoota keessatti sochii qaamaa irratti hundaa’ee barattoonni qaama fizikaalaatiin akka guddatan, sammuun akka dagaaganiifi muxannoo walii wajjiin jireenyaa fi hawaasummaa fooyyessuun miira jabaa akka uuman gochuun guddina walii gala akka qaabaatan barnoota taasisuudha. Karaa biraatin barnoonni guddinaa fi jabeenya qaamaa sadarkaa ga’umsa qaamaa fooyyesuun barattoonni akka jabeenya irreewwanii, dandeettii dadacha’uu, harkifamuu,ariitii,si’aa’inaa,humnummaafik.k.f akka dagaagfatan taasisuu danda’udha.Kana males sababa sochii keessatti hirmaataniin:

- Dandeettii sochii ispoortii akka qabaatan
- Barbaachisummaa fayyaa qaamaa fi hojiilee kutaalee qaamaa beekanii akka eeggatan
- Akkaataa balaawwanii fi dhibee adda addaa irraa of ittisan
- Sammuun dagaaganii beekumsa isaanii akka fooyyeffatan
- Dhippachuu fi cinqama irraa bilisa ta’anii yeroo isaanii bashannanuun akka

dabarfataniifi k.k.f. argamsiisuun lammii karaa hundaan ga’umsa qaban uumuuf ga’ee ol aanaa qaba. Bu’uura kanaan qajeelchi barsiisaa kutaa 5ffaa sagantaa barnoota idleetiif qophaa’e kun sirna barnootaa haara’a akka biyyaatti yeroo ammaa hojirra oolaa jiru irratti hundaa’ee akka qophaa’u yammuu taasifamu wantoota fooyya’uu qaban kan akka qabiyyee barnootaa, mala baruu barsiisuu, meeshaalee baruu barsiisuu, mala madaallii fi hordoffii irratti gadi fageenyaan qoratamee bifa hojitti jijjiiramuu danda’uun akka qophaa’u ta’ee jira. Kana males shaakalli adda addaa bifa barattoota jiddu galeessa godhateen hanga barbaachisuun mata duree tokko tokkoof ibsamanii jiru.

Bu’uura kanaan qajeelcha kana keessatti qabiyyee fi mata dureewwan barnootaa sadarkaa isaaniitin gurmaa’anii qindaa’uun boqonnaa 2^{ffaa} kan qabate dha. Akka gadi fageenyaa fi baldhina boqannaatiin wayitiin barnootaa ramadamanii jiru. Haala kanaan barattoonni jijjiirama karaa

beekumsaa, dandeettii fi amantaa bifa fiduu ittiin danda'aniin tartiiba eeggatee akka Biyya keenyatti weerarri dhukkuba Covid -19 sababa nu quunameef barnootni ji'oota muraasaaf adda cituunsaa ni beekama rakkoo kana giddu galeefachuudhaan qabiyyeewwan muraasa keessa deebii gochuudhaan barnoota kutaa itti aanuuf bu'uura akka ta'u bu'uura waan ta'eef guyyoota barnootaa mara qisaasame bakka buusuun murteessaa ta'ee argameera. Barattootni kana hubatanii bakka hanqina isaanii guutachuudhaan cimanii beekumsa gahaa argatanii gara kutaa itti aanutti dabarsuun gaarii dha.

1. Barbaachisummaa

Sababa dhukkuba Covid-19 bara 2012 tti sadarkaalee barnoota hundatti barnootni utuu hin xumuramiin gara kutaa itti aanuutti darban gochuun kutaalee barnootaa hunda gidduutti kan jiru kan walsimefi kan milkaa'e akka ta'uuf qofa utuu hin ta'iin, qulqullina barnootaarratti dhiibbaa guddaa fiduu akka danda'u ni beekama. Haata'u iyyuu malee mudannoo mudannoo akka sadarkaa biyyaatti numudate kana keessa bahuuf barnoota sam.2^{ffaa} baratamuu qabu guyyoota keessa deebiif kenname kanaaf qooduun barataan dandeettii, beekumsa gahaa ta'e akka gonfatan taasisuudha.

2. Kaayyoo

Barattootni sababa dhukkuba COVID-19 barnoota utuu hin baratiin hafaniif qabiyyeewwan barnootaa xumuruun dandeettii, beekumsaafi gahumsa horatanii sadarkaa kutaa itti aanuttii akka darban gochuudha.

3. Xiyyeeffannoo

- Baayyinni barataa dabaluu yoo kaan hir'achuu
- Barattootni gara mana barumsaa dhufuu dhiisuu
- Hanqina yeroo

- ❖ Leeccaloon barnootaa dhabamuu
- ❖ Qabiyyeen baay’achuu
- ❖ Dhimmamtootni barnootaa marti itti gaafatamummaa isaanii sirnaan bahuu dhabuu

4. Barsiisaaf Qajeelfamni jiru (Qajeelcha Barsiisaa)

- Qophii gahaa qabiyyee irratti gochuu. Akkasumas adeemsa baruuf barsiisuu muraasatti fayyadamuu.
- Guyyaa hojii dabalataa fayyadamuu (sambat-xiqqaa)
- Guyyaa barnoota gubateef bakkabuusuuf kaayyoo isaa beekuu
- Guyyaa barnoota gubate bakka buusuuf barattoota kaayyoo isaa hubachiisuu
- Nageenyaafi fayyummaa baratootaaf of eegannoo gochuu
- Raawwii isaa hubatanii fooyyessanii dhiyeessuu

Barsiisootni weerara dhukkuba COVID-19 baratootni barnoota isaanii utuu hin baratiin hafan qabiyyeewwan gurguddoo hafan ilaaluudhaan kutaa barnootaa itti aanu eegaluu dura kutaa duraan barachaa turan barachuu qabu jedhame kan taa’e qabiyyeewwan gurguddoo ta’an ilaalamuudhaan sagantaa kenname irratti hundaa’uudhaan adeemsa baruuf barsiisuu mijataa taasisuufi xiyyeeffanaa itti kennuun baayyee barbaachisaa dha. Haaluma kanaan sanada qophaa’e kana haala mana barumsaa wajjin walsimsiisuun kaayyoo kana galmaan gahuuf gaheen barsiisaa olaanaa dha.

Barnoota Guddinaafi Jabeenya Qaamaa kutaa 5ffaa semisteera 2ffaa

Bara 2012 tti sababa dhibee COVID-19 barnootni seemisteera 2ffaa waan hin xumuramneef bara 2013 tti wayitii 1 keessatti barattoota barsiisuuf qabiyyee filataman, Baayyina wayitii kenname ibsaa fi raawwii adeemsa baruuf barsiisuu gabatee armaan gadii irratti ibsameera.

Lak.	Qabiyyee	Torbee	Baayyina wayitii	Sababa qabiyyeen filatameef /Rational/	Ibsa (beekumsa, gahumsa, ilaalcha, raawwii adeemsa baruuf barsiisuu)
1	**BOQONNAA 2** **DANDEETTII SOCHIIWWAN BU'UURAA** **2.2.1.1 Sochii dhaabbachuun hojjetaman** **2.2.1.3 Callisuudhaan sochiiwwan hojjetaman**	**1ffaa**	**1**	**Barattoonni dandeettii, beekumsaafi gahumsa sadarkaa kutaa 5ffaa tti gabbifachuu qaban akka horataniif**	**Barsiisaan tooftaa baruuf barsiisuu salphaa ta'eefi barattootaaf galuu danda'u fayyadamuun barsiisuu**
2	**2.2.2 Sochiiwwan harkifama irree kutaalee qaamaa dagaagsan** **2.2.3 Dadacha'uu fi Gaggaragaluu** **2.2.4. Jiminaastikii meeshaa fayyadamuun hojjetaman**	**2ffaa**	**1**	**Barattoonni dandeettii, beekumsaafi gahumsa sadarkaa kutaa 5ffaa tti gabbifachuu qaban akka horataniif**	**Barsiisaan tooftaa baruuf barsiisuu salphaa ta'eefi barattootaaf galuu danda'u fayyadamuun barsiisuu**

Lak.		**Torbee**	**Baayyina wayitii**	**Sababa qabiyyeen filatameef /Rational/**	**Ibsa (beekumsa, gahumsa, ilaalcha, raawwii adeemsa baruuf barsiisuu)**
3	**2.3.1. Fiigicha** **2.3.2. Sochii Darbataa** **2.3.3. Utaalcha**	**3ffaa**	**1**	**Barattoonni dandeettii, beekumsaafi gahumsa sadarkaa kutaa 5ffaa tti gabbifachuu qaban akka horataniif**	**Barsiisaan tooftaa baruuf barsiisuu salphaa ta'eefi barattootaaf galuu danda'u fayyadamuun barsiisuu**
4	**2.4. Sochiiwwan taphoota kubbaatiif bu'uura ta'an**		**1**	**Barattoonni beekumsa kubbaa Kachoo**	**Barsiisaan tooftaa baruuf barsiisuu salphaa ta'eefi barattootaaf galuu danda'u**

	2.4.1. Rukutuufi too’achuu **2.4.2. Kubbaa qabachuufi walii kennuu** **2.4.3. Kubbaa Firicciisuufi konkolaachisuu**	**4ffaa**		**gabbifachuu akka horataniif**	**fayyadamuun barsiisuu**

Hub:

- Kutaa 6ffaa’f Wayitii barnootaa torbanitti tokkotu (1) kennamaaf.
- Kutaa 6ffaa’f boqqonnaa barattootni utuu hin baratiin hafan boqqonnaa 2 tu keessa deebii baratoota kutaa 6ffaa’f kennama.
- Akka waliigalaatti wayitii torba (6) guyyaa barnootaa 30 keessatti kennama.